**Labsii Sirna Xillannoo Mootummaa Naannoo Oromiyaa Diriirsuuf Bahe, Lakkoofsa 235/2013**

Imaammataa fi karoora misoomaa Naannichaa ragaa sirrii, seera qabeessaa fi guutuu ta'e irratti hundaa'uun guddinni diinagdee fi hawaasummaa Naannichaa akka mirkanaa'uuf sirna ragaaleen haala ammayyaa'aa ta'een itti sassaabaman, qindaa'an, xiinxalaman, kuufaman, tamsa'anii fi maxxanfamanii hojiirra itti oolan diriirsuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Sirna qabiinsa ragaa Naannichaa hammayyeessuun fedhii qaamolee misoomaa ragaa qulqulluu yeroon argatanii misooma Naannichaa keessatti hirmaachuuf qaban guutuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Ragaan sadarkaa biyyaalessaa qofatti sassaabamu haala qabatamaa Naannichaa ibsuu irratti hanqina mataa isaa waan qabuuf ragaa haala qabatamaa Naannichaa ibsuu danda'u funaanuun hojiirra oolchuun barbaachisaa waan ta'eef;

Sirna sassaabbii, bulchiinsaa fi ittifayyadama ragaa xillannoo keessaatti ittigaafatamummaa qaamolee ragaa kennanii, maddisiisanii, bulchanii fi ittifayyadamanii seeraan murteessuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Akkaataa Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa Fooyya'ee Bahe, Labsii Lakkoofsa 46/1994 Keewwata 49(3) (a) tiin kan kanatti aanu labsamee jira.

## Kutaa Tokko
## Tumaalee Waliigalaa

1. **Mata Duree Gabaabaa**

   Labsiin kun **"Labsii Sirna Xillannoo Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lakkoofsa 235/2013"** jedhamee waamamuu ni danda'a.

2. **Hiika**

   Akkaataan jechichaa hiika biroo kan kennisiisuuf yoo ta'e malee, Labsii kana keessatti:

   1) **"Fayyadamtoota"** jechuun qaama mootummaa, nama dhuunfaa, qaama qorannoo fi qo'annoo, dhaabbilee barnoota ol'aanaa, dhaabbilee dhuunfaa sadarkaa Naannoo, biyyaalessaa fi idil-addunyaas kan dabalatuudha.
   2) **"Komishinii"** jechuun Komishinii Karooraa fi Misooma Diinagdee Oromiyaati.
   3) **"Manneen Hojii"** jechuun manneen hojii mootummaa Naannichaa sadarkaan jiran kanneen baajata mootummaa yookiin madda galii mataa isaaniitiin bulan jechuudha.
   4) **"Mootummaa"** jechuun Mootummaa Naannoo Oromiyaati.
   5) **"Naannoo"** jechuun Naannoo Oromiyaati.

6) **"Nama"** jechuun nama uumamaa yookiin qaama seeraan mirgi namummaa kennameef jechuudha.
7) **"Qaama Xillannoo Naannoo"** jechuun qaama ragaa maddisiisuu, ragaa dhiyeessu yookiin fayyadamu of keessatti hammatu jechuudha.
8) **"Qeeyyaa"** jechuun haala waliigala sochii ilma namaa fi lubbu qabeeyyii biroo, akkasumas lafa, qilleensa, bishaan, sagalee, foolii, dhandhama, dhimmoota hawaasummaa, miidhagina uumamaa yookiin uumamaan osoo hin daangeffamin namaan fooyya'ee yookiin jijjiiramee kan jiru hundaa fi iddoo wantootni lubbu qabeeyyii fi lubbu dhabeeyyiin hundi keessa jiraatanii fi walitti hidhamiinsa gidduu isaanii jiraatu kan agarsiisu ta'ee, walumaagalatti sochii fi walitti dhufeenya waan hundaa kan ibsu jechuudha.
9) **"Qorannoo Xillannoo Amala Naannoo Qabu"** jechuun ragaa naannicha keessatti dirree irraa sassaabamee yammuu gurmaa'u bu'aa baadiyyaa yookiin magaalaa yookiin naannoo bakka bu'uu danda'u argamsiisu jechuudha.
10) **"Ragaa Iccitii"** jechuun ragaa qaama aangoo qabuun osoo hin hayyamamin namni kamiiyyuu karaa kamiinuu ifa akka hin taasifne seeraan dhorkame jechuudha.
11) **"Ragaa Qulqulluu"** jechuun ragaa bu'uura ulaagaalee ifatti taa'een sassaabamu jechuudha.
12) **"Ragaa"** jechuun dhugaawwan danuu lakkaa'amee yookiin safaramee sassaabamu jechuudha.
13) **"Xillannoo (Istaatistiksii)"** jechuun odeeffannoo qindaa'aa lakkoofsa dhimma ummataa, diinagdee, hawaasummaa, faayinaansii, qabeenya uumamaa fi taateewwan biroo tooftaawwan akka dijitaalaa yookiin uunkaa birootiin funaanamee jiruu fi karaa saayinsaawaa ta'een qindaa'uu, xiinxalamuu fi walitti hidhamuu danda'u jechuudha.

**3. Ibsa Koornayaa**

Labsii kana keessatti jechi koornayaa dhiiraatiin ibsame kan dubartiis ni dabalata.

**4. Daangaa Raawwatiinsaa**

1) Labsiin kun ragaalee diinagdee, hawaasummaa fi haala ummata Naannichaa keessatti sassaabamu, qindeeffamuu fi fayyadamtootaaf raabsamu irratti raawwatiinsa ni qabaata.
2) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, Labsiin kun ragaalee sababa iccitummaa isaaniitiin akka hin ibsamne seeraan dhorkaman akkasumas qaama seerota Federaalaa rogummaa qabuun aangoon kennameef irratti raawwatiinsa hin qabaatu.

## Kutaa Lama

## Sirna Ragaaleen Xillannoo Itti Sassaabaman, Qindaa'anii fi Raabsaman

**5. Ragaalee Xillannoo Sassaabaman**

Ragaaleen Xillannoo sassaabaman kanneen armaan gadii ta'u:

1) Ragaalee haala qubsumaa;
2) Ragaalee haala qabeenyaa;
3) Ragaalee haala hawaasummaa;
4) Ragaalee haala diinagdee;
5) Haala Qeeyyaa; yookiin
6) Ragaalee barbaachisoo ta'an kan biroo.

**6. Maddootaa fi Tooftaalee Ragaaleen Xillannoo Itti Sassaabaman**

1) Ragaan Xillannoo maddoota ragaa jalqabaa fi lammaffaa irraa kan argamu ta'a.
2) Ragaan Xillannoo tooftaalee armaan gadiitiin kan sassaabamu ta'a:
   (a) Lakkaa'uudhaan;
   (b) Qorannoo saamudaatiin;
   (c) Galmeessa ittifufiinsa qabuun;
   (d) Gabaasa qaamolee mootummaa fi sanadoota adda addaa; yookiin
   (e) Tooftaalee biroo mijataa ta'een.
3) Komishinichi maddootaa fi tooftaalee yammuu filatu qulqullina, yeroo fudhatu, baasii fi dhiibbaa maddiisiistota ragaa irratti qabu tilmaama keessa galchuun ta'uu qaba.

**7. Haalaa fi Qulqullina Ragaa Xillannoo**

1) Hojiin ragaa Xillannoon walqabatu kamiiyyuu haala karoora irratti hundaa'een raawwatamuu qaba.
2) Ragaan Xillannoo uunka, safartuu, agarsiiftuu fi istaandardii dhimmichaaf taa'een raawwatamuu qaba.
3) Ragaan Xillannoo kamiiyyuu amanamummaa fi qulqullina qabaachuu qaba.
4) Ragaan Xillannoo kamiiyyuu hojiirra ooluun dura Komishinichaan mirkanaa'uu qaba.

**8. Iccitummaa Ragaa fi Odeeffannoo Xillannoo**

1) Ragaa fi odeeffannoon amala iccitummaa qabuu fi adeemsa sassaabbii, kuufamaa fi xiinxala ragaa fi odeeffannoo Xillannoo keessatti argame iccitiin qabamuu fi kaayyoo yaadame qofaaf ooluu qaba.
2) Ragaa fi odeeffannoon Xillannoo amala iccitummaa qabu sababa hojiitiin argame yookiin barame ajaja Mana Murtiitiin ala qaama sadaffaatiif dabarfamee kennamuu hin qabu.

3) Komishinichi Mana Murtiitiin yoo ajajame malee ibsa yookiin deebii namootni kennan qaama sadaffaaf agarsiisuu yookiin kennuu, gabaasa yookiin barreeffama ibsicha yookiin deebicha irraa qophaa'e haala nama ibsicha yookiin deebicha kenne adda baafachuu dandeessisuun maxxansuu yookiin akka ragaatti dhiyeessuu yookiin nama hojii Labsii kana keessatti ibsaman hin hojjennetti agarsiisuu hin danda'u.

**9. Kaffaltii Tajaajila Xillannoo**

1) Manneen hojii mootummaatiin alatti qaamni ragaa xillannootti fayyadamuu barbaadu kaffaltii tajaajilaa gaafatamuu ni danda'a.
2) Galiin sassaabamu kamiiyyuu akkaataa seeraa fi hojimaata faayinaansii mootummaatiin ta'uu qaba.
3) Komishinichi galii bu'uura Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1'tiin sassaabee qaama dhimmi ilaalu hayyamsiisuun galii keessatti qabachuun hojichaaf ittifayyadamuu ni danda'a.
4) Haalli raawwii Keewwata kanaa Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a.

**10. Bilisummaa fi Gaafatamummaa Ogeessaa**

1) Ogeessi ragaa sassaabu, qindeessuu fi xiinxalu hojii isaa seeraa fi hojimaata jiru qofa irratti hundaa'uun bilisa ta'ee ni raawwata.
2) Ogeessi raawwii hojii isaa irratti hanqina agarsiise yookiin balleessaa naamusaa raawwate seera rogummaa qabuun kan itti gaafatamu ta'a.

**11. Sirna Qabiinsa Ragaa Xillannoo**

1) Ragaan Xillannoo haala hammayyaa'een qabamuu qaba.
2) Manneen hojii sirna qabiinsa ragaa Komishinichaan diriire hojiirra oolchuu qabu.
3) Manneen hojii ragaa Xillannoo akkaataa sirna diriireen Komishinichaaf dhiyeessuuf dirqama qabu.
4) Qaamni Xillannoo naannoo adeemsa ragaa sassaabuu, kuusuu, xiinxaluu fi tamsaasuu keessatti miidhaa dhaqqabsiisuuf ittigaafatamummaa ni qabaata.

**12. Haala Ittifayyadama Ragaa Xillannoo**

1) Namni kamiiyyuu ragaa Xillannoo Komishinicha irraa argate karaa mirgaa fi dantaa qaama sadaffaa hin sarbineen ittifayyadamuu qaba.
2) Komishinichi ragaa Xillannoo karaa hin malleen ittifayyadamame yookiin hiikni dogoggoraa kennameef sirreessuuf ittigaafatamummaa ni qabaata.

## Kutaa Sadi

## Qaamolee Bulchiinsa Sirna Xillannoo

**13. Bulchiinsa Sirna Xillannoo**

1) Hojiin bulchiinsa Xillannoo Naannichaa Komishinichaan kan gaggeeffamu ta'a.

2) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti kan ibsame akkuma eegametti ta'ee, Manni Marii Xillannoo Naannoo Oromiyaa akkaataa Labsii kana Keewwata 15tiin hundeeffame qaama bulchiinsa Xillannoo Naannichaati.

## 14. Aangoo fi Hojii Komishinichaa

Seerota biraatiin kan kennameef akkuma eegametti ta'ee, Komishinichi aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Tarsiimoo, sirnaa fi hojimaatni misooma Xillannoo manneen hojii hunda keessatti akka diriiru ni taasisa;
2) Karoora Xillannoo Naannichaa qopheessee Mana Marii Xillannoo Naanniichaatiif ni dhiyeessa; yammuu mirkanaa'u hojiirra ni oolcha;
3) Naannicha keessatti ragaan qulqulluu fi yeroo isaa eeggate akka jiraatuu fi manneen hojii keessatti ragaan akka walsimuu fi qindoomina qabaatu ni hojjeta;
4) Labsii kana hojiirra ni oolcha; qaama dhimmi ilaalu waliin ta'uun gurmaa'insaa fi caaseffama hojii Xillannoo irratti hojjetu ni diriirsa;
5) Dandeettiin raawwachiistummaa manneen hojii fi ogeessotaa dhimma Xillannoo irratti qaban akka cimu ni hojjeta;
6) Hojii Xillannoo irratti hojjettootni dandeettii, gahumsaa fi naamusa gaarii qaban ramadamanii akka hojjetan ni taasisa;
7) Sooftiweeriin bulchiinsa ragaa fi daataa beezii manneen hojii keessatti akka diriiru ni deeggara; qulqullina akka qabaatuu fi haala yerootiin akka walsimu ni taasisa;
8) Uunka ragaan ittiin sassaabamu, kuufamuu fi ibsamu qopheessee manneen hojii ragaa sassaabaniif ni kenna; hubannoo ni uuma;
9) Ragaan Xillannoo manneen hojii irraa dhiyaatu hojiirra ooluun dura ni mirkaneessa;
10) Ragaa sassaabame ni qindeessa; ni xiinxala; fayyadamtootaaf ni dabarsa;
11) Qaamolee hojii walfakkaataa hojjetan waliin qindoominaan ni hojjeta;
12) Ragaan Xillannoo Naannichaa sadarkaa hundatti walitti hidhamiinsa akka qabaatuu fi nageenyummaan isaa akka mirkanaa'u Abbaa Taayitaa Saayinsii, Teeknolojii fi Qunnamtii Odeeffannoo Oromiyaa wajjiin qindoominaan ni hojjeta;
13) Hojiiwwan Xillannoo irratti tajaajila gorsaa ni kenna;
14) Faayidaa Xillannoo irratti hubannoo ni uuma; muuxannoowwan gaggaarii ni babal'isa; istaandaardii oomishaa, bulchiinsaa fi tamsaasa Xillannoo ni babal'isa;
15) Sirna Xillannoo Naannichaa fooyyessuuf qorannoo fi qo'annoo ni gaggeessa; bu'aa isaa hojiirra ni oolcha; hojiirra akka oolu ni taasisa;

16) Akkaataa barbaachisummaa isaatti, aangoo fi hojii Labsii kanaan kennameef caasaalee sadarkaa Godinaa, Magaalaa fi Aanaatti jiraniif qoodee bakka bu'ummaan kennuu ni danda'a.

**15. Hundeeffama Mana Marii Xillannoo**

1) Manni Marii Xillannoo Naannoo Oromiyaa kanaan booda **"Mana Marii Xillannoo"** jedhamee kan waamamu Labsii kanaan hundeeffameera.
2) Ittiwaamani Mana Marichaa Pirezidaantii Mootummaa Naannichaatiif ta'a.

**16. Miseensota Mana Marichaa**

1) Manni Marichaa miseensota armaan gadii ni qabaata:
   (a) Ittigaafatamaa Waajjira Pirezidaantii ………………………..…....  Walitti Qabaa;
   (b) Hogganaa Biiroo Maallaqaa fi Walta'iinsa Diinagdee ... Itti Aaanaa Walitti qabaa;
   (c) Komishinara Komishinii Karooraa fi Misooma Diinagdee …………… Barreessaa;
   (d) Hogganaa Biiroo Qonnaa fi Qabeenya Uumamaa …………………..… Miseensa;
   (e) Hogganaa Biiroo Eegumsa Fayyaa………………………………………  Miseensa;
   (f) Hogganaa Biiroo Barnootaa …………………………………………….  Miseensa;
   (g) Hogganaa Biiroo Dhimma Hojjetaa fi Hawaasummaa ……………..…  Miseensa;
   (h) Hogganaa Biiroo Misooma Magaalaa fi Manneenii …………………....  Miseensa;
   (i) Hogganaa Biiroo Itti Fayyadamaa fi Bulchiinsa Lafaa …….………….… Miseensa;
   (j) Hogganaa Biiroo Daldalaa …….………………………………..……….… Miseensa;
   (k) Hogganaa Biiroo Aadaa fi Turizimii...…………………………….……….  Miseensa;
   (l) Hogganaa Biiroo Misooma Qabeenya Bishaanii fi Inarjii...…………….  Miseensa;
   (m) Hogganaa Biiroo Misooma Interpiraayizii fi Industirii ……………..…  Miseensa;
   (n) Hoggantuu Biiroo Dhimma Dubartootaa, Daa'immanii fi Dargaggootaa... Miseensa;
   (o) Daarektara Ol'aanaa Abbaa Taayitaa Galiiwwanii ………..…….……….. Miseensa;
   (p) Daarektara Ol'aanaa Abbaa Taayitaa Daandiiwwanii ….…..………..… Miseensa;
   (q) Daarektara Ol'aanaa Ab/Ta/Eeg. Naannoo, Bosonaa fi Jijj/Qilleensaa...Miseensa;
   (r) Daarektara Ol'aanaa Ab/Ta/Saayinsii, Teeknolojii fi Qu/Odeeffannoo... Miseensa;
   (s) Komishinara Komishinii Invastimantii …………………………………. Miseensa;
   (t) Daarektara Ol'aanaa Ejensii Galm/Rag/Bu'uuraa Hawaasummaa …... Miseensa;
   (u) Daarektara Ol'aanaa Ejensii Babal'ina Waldaalee Hojii Gamtaa ……..…  Miseensa;
   (v) Daarektara Ol'aanaa Ins. Leenjii Ogeessota Qa/Haqaa fi Qor/Seeraa.…. Miseensa;
   (w) Daarektara Ol'aanaa Instiitiyuutii Qorannoo Qonnaa ………..…..……. Miseensa.

2) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti kan ibsame akkuma jirutti ta'ee, akkaataa barbaachisummaa isaatti Komishinichi Pirezidaantiif dhiyeessee miseensa jiru hir'isuu yookiin haaraa dabaluu ni danda'a.
3) Aangoo fi gaheen hojii Walitti Qabaa, Itti Aanaa Walitti Qabaa fi Barreessaa Mana Marii Xillannoo Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a.

## 17. Aangoo fi Hojii Mana Marichaa

Manni Marichaa aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Karooraa fi sagantaa Xillannoo Naannichaa Komishinichaan dhiyaatu xiinxaluun ni mirkaneessa;
2) Karoorri Xillannoo manneen hojii qindoomina qabaachuu isaa ni xiinxala; ni deeggara; bakka hanqinni jirutti kallattii sirreeffamaa ni kaa'a;
3) Raawwii hojii dhimmoota Xillannoo ni gamaggama; kallattii waliigalaa ni kaa'a;
4) Akkaataa, akaakuu fi yeroo ragaan Xillannoo fayyadamtootaaf dhiyaachuu qabu irratti ni murteessa;
5) Qaamota ragaa Xillannoo sassaaban, qindeessan, bulchanii fi fayyadaman jidduutti qindoominni hojii jiraachuu isaa ni xiinxala; ni deeggara; bakka hanqinni jirutti kallattii sirreeffamaa ni kaa'a;
6) Hojimaata sirna Xillannoo Naannichaa fooyyessan Komishinichaan akka diriiru ni taasisa; ni deeggara;
7) Bu'aa qorannoo fi qo'annoo Komishinichaan dhiyaatuuf ni mirkaneessa; hojiirra akka oolu ni taasisa;
8) Barbaachisaa ta'ee yoo argame koree teeknikaa ni hundeessa.

## 18. Sirna Walgahii Mana Marii Xillannoo

1) Walgahiin Mana Marichaa waggaatti yeroo lama kan gaggeeffamu ta'ee, Walitti Qabaan akkaataa barbaachisummaa isaatti walgahii ariifachiisaa waamuu ni danda'a.
2) Miseensota Mana Marichaa keessaa harki caalu yoo argaman korri walgahii guutuu ni ta'a.
3) Murteen Mana Marichaa sagalee caalmaatiin ta'ee, sagaleen miseensotaa walqixa yoo ta'e, yaadni Walitti Qabaadhaan deeggarame murtii Mana Marichaa ta'a.
4) Ajandaan walgahii Mana Marichaa guyyaa hojii shan dursee karaa Barreessaatiin miseensota dhaqqabuu qaba.
5) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 hanga 4 jalatti kan tumame akkuma eeggametti ta'ee, Manni Marichaa sirna walgahii mataa isaa baafachuu ni danda'a.

**19. Hojii fi Ittigaafatamummaa Manneen Hojii Mootummaa**

1) Tarsiimoo, sirnaa fi hojimaata misooma Xillannoo Komishinichaan diriire hojiirra ni oolchu;
2) Karoora Xillannoo mana hojichaa ilaallatu qopheessuun Komishinichaaf ni dhiyeessu; yammuu mirkanaa'u hojiirra ni oolchu;
3) Ragaa Xillannoo qulqulluu fi yeroo isaa eeggate sassaabee qindeessuun Komishinichaaf ni dhiyeessu; kallattii Komishinichaan kennamu hojiirra ni oolchu;
4) Hojjetaa dhimma Xillannoo irratti hojjetu ni ramadu; dandeettiin raawwachiisummaa isaa akka cimu ni hojjetu;
5) Sooftiweerii bulchiinsa ragaa fi daataa beezii mana hojichaa keessatti haala hojimaata Komishinichaatiin walsimuun ni diriirsu; qulqullina akka qabaatuu fi haala yerootiin akka walsimu ni taasisu;
6) Bu'uura uunka Komishinichi qopheesseen ragaa ni sassaabu; ni kuusu; ni gabaasu; waraabbii isaa ofeeggannoodhaan ni qabu;
7) Ragaa Xillannoo Komishinichaan mirkaneessisuun waggaatti yeroo tokko haala qabatamaa mana hojichaatiin xiinxaluudhaan ni maxxansu;
8) Ragaa Xillannoo Komishinichaan hin mirkanoofne hojiirra oolchuu hin qabu.
9) Teeknolojii odeeffannoo kamiiyyuu fayyadamuun hojii Xillannoo raawwachuun dura Abbaa Taayitaa Saayinsii, Teeknolojii fi Qunnamtii Odeeffannoo Oromiyaatiif dhiyeessuun ni mirkaneessisu;
10) Ragaa caasaa isaa sadarkaan jiru qindeessee Komishinichaaf dhiyeessuu qabu.

**20. Qaamolee Xillannoo Naannoo**

1) Qaamoleen Xillannoo naannoo Oromiyaa kanneen armaan gadii ta'u:
    (a) Qaama ragaa burqisiisu;
    (b) Qaama ragaa dhiyeessu; fi
    (c) Fayyadamtoota.
2) Qaamoleen Xillannoo Naannichaa qindoominaa fi waldeeggaruun kan hojjetan ta'a.
3) Hojiirra oolmaa Labsii kanaatiif Komishiniin walitti dhufeenyi, qindoominnii fi waldeeggarsi qaamolee Xillannoo gidduu akka jiraatuuf:
    (a) Imaammata mootummaa xiyyeeffannaa keessa galchuudhaan sagantaa, karoora, tarsiimoo fi imaammata waliinii ni qabaatu;
    (b) Qindoominaaf akka isaan gargaaru waliigaltee walta'iinsa hojii waliinii ni mallatteessu;
4) Kaayyoon walitti dhufeenya hojii qaamolee Xillannoo fi fayyadamtootaa gidduu kanneen armaan gadiiti:

(a) Ragaa Xillannoo maddisiisuu, sassaabuu, xiinxaluu fi tamsaasuuf;
(b) Ragaa Xillannoo qabachuuf, bulchuuf, fooyyessuuf, walqunnamsiisuuf, waliidabarsuu fi ragaa addaatti fayyadamuu; fi
(c) Qaamoleen ragaa Xillannoo sadarkaan jiran hundinuu Labsii kana kan ofii taasisanii hojiirra akka oolchaniifiidha.

**Kutaa Afur**

**Tumaalee Adda Addaa**

**21. Dirqama Ragaa Xillannoo Kennuu**

1) Dhaabbanni hayyama hojii qabu yookiin haaraa baasuu barbaadu kamiiyyuu gaafannoo yookiin uunka Komishinichaan qophaa'ee karaa Mana hojii mootummaa hayyama kenneetiin dhiyaatuuf irratti ragaa haala waliigalaa dhaabbatichaa galmeessuuf dirqama qaba.
2) Namni kamiiyyuu Komishinichaan yookiin qaama aangeeffameen yammuu gaafatamu ragaa guutuu fi qulqullina qabu kaffaltii malee yeroo gaafatame keessatti dhiyeessuuf dirqama qaba.
3) Ragichi kan guutamu nama ragicha kennuun yoo ta'ee fi uunka Komishinichi erge irratti ragaa sirrii guutee mallatteessee akka ergu yoo gaafatame kanuma raawwachuu qaba.
4) Abbaan qabiyyee lafaa yookiin qabeenyaa kamiiyyuu hojjetaa Komishinichaa yookiin qaama bakka bu'ummaan kennameef waraqaa eenyummeessaa yookiin bakka bu'iinsaa qabachuun ganama sa'aatii 12:00 hanga galgala sa'aatii 12:00tti iddoo qabiyyee yookiin qabeenya isaa seenuudhaan ragaalee Xillannoof barbaachisaa ta'an akka sassaabuuf hayyamuufii qaba.
5) Namni kamiiyyuu waraabbii qo'annoo ragaa Xillannoo gaggeesse Komishinichaaf kennuu qaba.

**22. Dhorkaa**

Namni kamiiyyuu Komishinicha irraa hayyama osoo hin argatin qorannoo Xillannoo amala Naannoo qabu gaggeessuu hin danda'u. Ragaan qorannoo hayyama malee argames fudhatama hin qabu.

**23. Adabbii Bulchiinsaa**

Ogeessi yookiin hojjetaan kamiiyyuu dirqamoota Labsii kanaan tumaman cabsuudhaan balleessaa naamusaa raawwatee yoo argame, Dambii naamusaa rogummaa qabuun kan ittigaafatamu ta'a.

**24. Adabbii**

1) Seerota birootiin caalmaatti kan adabsiisu yoo ta'e malee, namni hojii Xillannoo irratti hojjetu kamiiyyuu ta'e jedhee:

   (a) Ragaa Xillannoo sababa hojii isaatiin argate kallattiin yookiin alkallattiidhaan faayidaa dhuunfaa isaatiif kan oolche yoo ta'e yookiin aangoo seeraan hin qabnetti fayyadamee ragaa kana yoo maxxanse yookiin seeraan ala qaama biraatiif dabarsee yoo kenne, hidhaa salphaa waggaa sadi hin caalleen ni adabama.

   (b) Ragaa Xillannoo sobaa kan qopheesse yookiin kan baase yookiin uunka ragaan ittiin sassaabamu qaamota ragaa maddisiisan irraa osoo hin gaafatin ofii isaatiif uumee yoo guute yookiin ragaa sobaa haala kanaan baasee qaama biraatiif dabarsee yoo kenne, hidhaa salphaa ji'a sadi hin caalleen yookiin yakkichi raawwatame adeemsa ragaa sassaabuu, qindeessuu fi raabsuu irratti dhiibbaa cimaa kan uume yookiin uumu kan danda'u yoo ta'e, hidhaa salphaa waggaa sadi hin caalleen kan adabamu ta'a.

2) Seerota birootiin caalmaatti kan adabsiisu yoo ta'e malee, namni kamiiyyuu:

   (a) Akkaataa Labsii kanaatiin ragaa Xillannoo akka dhiyeessu gaafatamee sababa gahaa malee ragicha kan tursiise yoo ta'e, hidhaa salphaa ji'a jaha hin caalleen yookiin adabbii maallaqaatiiin kan adabamu ta'a.

   (b) Akkaataa Labsii kanaatiin ragaa Xillannoo akka kennu yookiin akka dhiyeessu qaama aangeeffameen yookiin dhimmi ilaaluun gaafatamee ragicha kennuudhaaf hayyamamaa yoo hin taane yookiin ragicha kan dhokse yookiin kan haqe yookiin ragaa xillannoo Komishinicha irraa argate karaa hin taaneen fayyadamee qaama sadaffaa irratti miidhaa yoo geessise, hidhaa salphaa waggaa tokkoo hin caalleen kan adabamu ta'a.

3) Gochi Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2 (a) jalatti ibsame dhaabbata qaama seerummaa qabuun kan raawwatame yoo ta'e, akkaatuma ulfaatina yakkichaatiin adabbii maallaqaa qarshii 10,000.00 (kuma kudhan) hin caalleen kan adabamu ta'a.

4) Gochi Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2 (b) jalatti ibsame dhaabbata qaama seerummaa qabuun kan raawwatame yoo ta'e, adabbii maallaqaa qarshii 30,000.00 (kuma soddoma) hin caalleen kan adabamu ta'a.

5) Gochi Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2 jalatti ibsame dhaabbata qaama seerummaa qabuun yammuu ta'u hogganaa yookiin hojjetaa hojichi ilaallatu bu'uura Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2 (a) yookiin 2 (b) tiin kan adabamu ta'a.

6) Seerota biraatiin caalmatti kan adabsiisu yoo ta'e malee, namni kamiiyyuu bu'uura Labsii kanaatiin ragaa Xillannoo akka dhiyeessu gaafatamee ragaa sobaa kan dhiyeesse

yookiin akka dhiyaatu kan taasise yoo ta'e, hidhaa salphaa waggaa sadi hin caalleen kan adabamu ta'a.

7) Gochi Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 6 jalatti ibsame dhaabbata qaama seerummaa qabuun kan raawwatame yoo ta'e, adabbii maallaqaa qarshii 50,000.00 (kuma shantama) hin caalleen kan adabamu ta'a.

8) Gochi Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 6 jalatti ibsame dhaabbata qaama seerummaa qabuun yammuu ta'u, hogganaa yookiin hojjetaa hojichi ilaallatu bu'uura Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 6 tiin kan adabamu ta'a.

**25. Seerota Raawwatiinsa Hin Qabaanne**

Labsiin, Dambiin, Qajeelfamnii fi barmaatileen hojii Labsii kanaan walfaallessan kamiiyyuu dhimmoota Labsii kana keessatti hammataman irratti raawwatiinsa hin qabaatan.

**26. Aangoo Dambii fi Qajeelfama Baasuu**

1) Manni Marii Bulchiinsaa Mootummaa Naannichaa Labsii kana raawwachiisuuf Dambii baasuu ni danda'a.

2) Komishinichi Labsii kanaa fi Dambii bu'uura Labsii kanaatiin bahu raawwachiisuuf Qajeelfama baasuu ni danda'a.

**27. Dirqama Deeggarsa Kennuu**

Namni kamiiyyuu hojiirra oolmaa Labsii kanaatiif dirqama deeggarsa kennuu ni qaba.

**28. Guyyaa Labsichi Hojiirra Itti Oolu**

Labsiin kun guyyaa Magalata Oromiyaa irratti maxxanfamee bahe irra eegalee hojiirra kan oolu ta'a.

**Finfinnee, Guraandhala 21 Bara 2013**

**Shimallis Abdiisaa**
**Pirezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaa**